Kutaa 1

Hiriyoota Gaggaarii

Read Aloud

Hiriyoota Gaggaarii

Read Aloud | Kutaa 1

Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata ‘USAID’ irraa argameen,walta’iinsa Dhaabbata ‘Save The Children’, Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Tolasaafi Tolashiin hiriyoota.

Tolasaafi Tolashiin waliin mana barnootaa deemu.



Ijoolleen kunniin
namoota biratti
jaallatamoodha.



Soba sobuu hinjaallatan. “Sobuun Rabbi biratti gaarii miti,” jedhu.



Qabeenya namaa hinhatan; “waan namaa hatuun cubbuudha,” jedhanii amanu.



Qabeenya namaa karaa irratti yoo argan illee, lafaa kaasanii abbaa isaaf deebisu.



Ajajaja barsiisotaafi maatii isaanii nifudhatu.



Waan ajajamanis dafanii raawwatu.



Mana barnootaa yeroo deeman hinbarfatan.

Hojimanee waliin
mari'atanii hojjetu.

Yeroo barsiisonni gaaffii gaafatan harka baasanii deebii kennu.



Kana irraan kan ka'e, namoonni hiriyoota gaggaarii jedhanii isaan jaallatu.